BIIROO BARNOOTA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE KUTAA MAGAALAA EEKKAATTI QORUMSA MODEELAA SEEMISTEERA 2FFAA KUTAA 6FFAA GOSA BARNOOTA **HERREGAA** KAN BARA 2016 F AKKA WIIRTUU MANNEEN BARNOOTAA AANAA 10-12TTI QOPHAA'E.

SA'AA KENNAME 1:00

QAJEELFAMA WALIIGALAA

1. AJAJA KENNAME SIRRIITTI DUBBISI.

2. YOO GAAFFII QABAATTE OSOO QORMAANI HIN EEGALIN NAMA TO'ATU GAAFADHU. QORUMSI JALQABNAAN GAAFFII FI DEEBIIN HIN DANDA'AMU.

3. WARAQAAN QORUMSAA KUN BARATTOOTA KUTAA 6FFAA SIRNA BARNOOTAA AFAAN OROMOO BARATANIIF KAN QOPHAA'EEDHA.

4. TOKKOON TOKKOO GAAFFII FILANNOOWWAN AFUR A, B, C FI D JEDHAMANII DHIYAATAN QABA. TOKKOON TOKKOON GAAFFII FI FILANNOOWWAN ISAA ERGA DUBBISTEEN BOODA FILANNOO DEEBII NI TA'A JETTU WARAQAA DEEBIIF QOPHAA'E IRRATTI QUBEE FILANNOO KEETII QUBEESSAADHAN GURRAACHEESSI. FAKKEENYAAF ''C'' KAN FILATTE YOO TA'E AKKA ARMAAN GADIITTI QUBEE''C' GURRAACHEESSI.

A ○ B ○ C ● D ○

5. YOO DEEBII KEE JIJJIRUU BARBAADDE DURA FILANNOO KEE ISA DURAA SIRRIITTI HAQUU QABDA.

6. QORMAATA KOPHAA KEE HOJJACHUU QABDA.

7. YOO NAAMUSAAN ALA HOJJATTEE ARGAMTE FIRIIN QORMAATA KETTII NI HAQAMA.

8. YEROON QORMAATAAF KENNAME DHUMUU ISAA TOO'ATAAN YEROO SITTI HIMU BATTALUMATTI DHAABUU QABDA.

HANGA SITTI HIMAMUTTI FUULA KANA HIN GARAGALCHIN!

I. Kanneen armaan gadii qubee deebii sirrii qabatee jiru filachuun deebisi.

1. Himni bifa ax+b = 0, a≠0 tti jijjiiramee barreeffamuu danda'u kamiyyuu hima maal jedhama?

   A. Hima walcaalmaa sararaawaa C. Hima walgitaa sararaawaa

   B. Hima walqixaa sararaawaa D. Hima walmadaaloo sararaawaa

2. Daraartuun killee 30 gabaadha bittee yoo galtuu Killeen 6 jala cabe. Killeen hin cabin hafe dhibbantaan hagam ta'a

   A. 20% B. 50% C. 80% D. 60%

3. Firaakshinoota $\frac{5}{4}, \frac{2}{3}, \frac{11}{15}$ fi $\frac{21}{20}$ guddaa gara xiqqaatti yoo tartiibeeffamuu:

   A. $\frac{11}{15}, \frac{2}{3}, \frac{21}{20}, \frac{5}{4}$ B. $\frac{21}{20}, \frac{11}{15}, \frac{2}{3}, \frac{5}{4}$ C. $\frac{2}{3}, \frac{5}{4}, \frac{11}{15}, \frac{21}{20}$ D. $\frac{5}{4}, \frac{21}{20}, \frac{11}{15}, \frac{2}{3}$

4. Walcaalmaa deessimaalota armaan gadii ilaalchisee kamtu sirrii dha?

   A. 8. 6470 > 8.6469 ti B. 7.84 <7.754 ti C. 15. 64 ≤ 15.604 D. 16.12 ≠ 16.12 ti

5. Ida'amni deessimaalii 45.91 fi 54.09 meeqa ta'a?

   A. 100 B. 99 C. 100.5 D. 8.18

6. Galaaneen 1.4cm dheeratti, Jiituun 0.35cm'n Galaanee Caalti yoo ta'e. Jiituun hangam dheeratti?

   A. 1.39cm B. 1.05cm C. 1.75cm D. 4.9cm

7. Kanneen armaan gadii keessaa hima walqixa sararaawaa kan hin taane kami?

   A. $\frac{2}{7}x + 3 = 10$ B. 2.5x + 7 = 0 C. 6x + 4x = 3 D. $\frac{9}{x} + 7 = 0$

8. Furmaanni hima walqixaa sararaawaa 24x – 7 = 55 meeqa?

   A. 3 B. 2 C. 1 D. 0

9. Tarmoota armaan gadii keessaa tarmii walfakkaatoo kan ta'an kami?

   A. $2x^3$ fi $3x^2$ B. $8xy^4$ fi $8x^4y$ C. $x^2y^5z^3$ fi $x^3y^5z^2$ D. $7x^2z^3$ fi $5x^2z^3$

10. Reeshoowwan armaan gadii keessaa kamtu piroopporshiniidha?

    A. $\frac{20}{18} = \frac{6}{3}$ B. $\frac{7}{8} = \frac{16}{14}$ C. $\frac{12}{30} = \frac{6}{15}$ D. $\frac{5}{24} = \frac{10}{28}$

11. Lakkoofsota hundaa armaan gadii keessaa kan haftee malee 2`f hiraman kam?

    A. 8,400,600,1800,3000,12400 C. 31,46,7,19,30,124

    B. 2,5,6,177,30,125 D. 5,7,9,15,300,1231

12. Tolaan mana isaa ka'ee mana barumsaa deemuuf qofa 5km itti fudhata. Tolaan guyyaa 15 deemee galuuf km meeqa itti fudhata?

    A. 150km B. 75km C. 20km D. 10km

13. Lakkoofsi handaa maangoo tokko kan ittiin mirkanaa'uu danda'u bifa akkamiin?

A. Lakkoofsa bifa 2n tiin yoo ibsame dha
B. Lakkoofsa bakka walqixaa lamatti qoodamuu yoo danda'e dha.
C. Lakkoofsa bifa 2n+1 tiin yoo ibsame dha
D. Haftee malee 2'f yoo hirame dha.

14. 1 sa'aatii gara 30 daqiiqaa bifa reeshoo salphaatiin yommuu barreeffamu;

A. 2:1 B. 1:30 C. 1:2 D. 30:60

15. Furmaata hima walcaalmaa sararaawaa 9y + 3 > 30 kan ta'e kami?

A. Y > 27 B. y <3 C. y > 4 D. y > 3

16. $\frac{17}{2} \div \frac{z}{3} = \frac{51}{24}$ yoo ta'e, gatiin "Z" meeqa ta'a?

A. 10 B. 12 C. 3 D. 2

17. Deessimaalii 8.85327 gara mana kurnaffaatti yeroo siqsinuu meeqa ta'a?

A. 8.8 B. 8.9 C. 9.0 D. 8.86

18. Lakkoofsi ta'e tokko sadiif hiramee, yoo shan irratti dabalame 35 ta'a. Lakkoofsi hin kun meeqa?

A. 35 B. 8 C. 30 D. 90

19. Gita hima walqixa sararaawaa 5x + 1= 4 kan ta'e kami?

A. 50x + 10 = 40 B. 10x + 2= 8 C. 8x + 4 = 8 D. 15x + 3 = 12

20. Yoo A'n piroopporshinaalummaa kallatti B. yoo A= 64 ; B= 4 ta'a, yoo B = 5 ta'e A'n meeqa ta'a?

A. 60 B. 80 C. 68 D. 16


21. Reeshoon lakkoofsota lamaa 5:15 ti. Yoo lakkoofsi guddaan 105 ta'e, lakkoofsi inni xiqqaan meeqa?


A. 20 B. 21 C. 7 D. 35

22. Barsiistuun Seenaan qorumsa herregaa gaaffilee kudhaniif daqiiqaa soddoma yoo kennan, gaaffilee soddomaaf daqiiqaa meeqa kennuu danda'u?


A. 33 B. 27 C. 40 D. 90

23. Kofoota armaan gadiitti agarsiifaman keessaa isa kamtu kofa **Obtituusii** bakka bu'a?

A. 

B. 

C. 

D. 

24. Yoo y'n piroopporshinaalummaa al-kallattii(fuggisoo) x ta'e, X= 60 fi y = 20 yoo ta'e, yoo Y= 30 ta'e X'n meeqa ta'a?

A. 120 B. 4 C. 60 D. 3

25. Kanneen armaan gadii keessaa hima walqixa sararaawaa kan ta'e kami?

A. 3.6x + 5 = 0 B. $0.x + \frac{7}{x} = 0$ C. 0.x + 6 = 0 D. $\frac{x}{0} + 5 = 0$

26. Caaltuun yoo xiqqaate kitaabilee kudha lama qabdi. Hima kana hima herregaatiin yommuu barreessinu:

A. X<11 B. X > 11 C. X ≠ 11 D. Caaltuun homaa hin qabdu

27. A,b, fi c'n lakkoofsota lakkaawwii fi yoo a <b ta'e, hima kana ilaalchisee kan dogoggora ta'e kami?

A. Ac <bc B. a + c < b +c C. a-c <b-c D. $\frac{a}{c} < \frac{a}{b}$

28. Dheerinni fi dalgeen reektangilii tokkoo wal-duraa duubaan 20cm fi 15cm yoo ta'e reeshoon dheerina reektangilii gara naannawaa reektangilii hangam ta'a?

A. 3:4 B. 10 : 5 C. 4 : 3 D. 5: 15

29. Kofoota armaan gadii ilaalchisee kan sirnaan hin firoomne kamidha?

A. 90^o hamma 180^o kofa obtiyuusiiti jedhama C. 180^o hamma 360^o kofa rifileeksii jedhaama

B. 270^o hamma 360^o kofa rifileeksii jedhama. D. 0^o hamma 90^o kofa akkiyuutii jedhaama

30. Lakkoofsota armaan gadii keessaa kanneen lakkoofsota waliin kophxii ta'an kami?

A. 18 fi 63 b.17 fi 13 C. 25 fi 100 D. 12 fi 180